Macaafa Qulqulluu Daa'immaniif Dhihaate

Yasus Namoota 5000 Nyaachisuu Isaa



Kan barreeffame: Edward Hughes

Kan ibsame: Janie Forest, Alastair Paterson

Kan dagaagsame: Ruth Klassen

Kan hiikkame: Zemendale Translation Service
email: zemendale@gmail.com
Po Box 32155, Addis Ababa, Ethiopia

Kan qophaa'e: Bible for Children
www.M1914.org

©2024 Bible for Children, Inc.
Eeyyama: Seenaa kana hamma hin gugurreetti garagalfacuus ta'ee Maxxansiifacuu ni dandeessu.

Abbootiin amantii danuun waa'e Yasus soba dubbatan. Warri muraasi ajjeesuuf yaalaniiru.

Akka inni ilama Waaqayyoo isa dhugaa ta'e itti hin amanan. Hamma inni dinqii ilama Waaqummaa isaa agarsiisu dalagutti fudhachuu didan.

3

Guyyaa tokko, Galaana Galiilaa qaxxaamure. Namoota baayyee keessaa waan cabaa xiqqoo ta'e isaan wal arge. Achumaan Yasus waan dinqii hojjete. Isa waliin ta'uu barbaada.



4

Bakka taa'ee barsiisu qaqara gaaraa lafa onaatti duuka buutota isaa dursee deeme. Namootin baayyeen dhufan. Yeroo guddaature yeroon sun. Namootis in beela'an.

5

Yasus gara namoota baayyatanii jirnii ilaale. "Waan naming hammi kun nyaatu eessaa binna?" jedhee Filiiphoosin gaafate. Kuusaan nyaataa bakka kana hin jiru. Yasus maal gochuuf karoorsaa jira?



6



"Namoota hamma kana nyaachisuuf gatii guddaa gaafata" jechuun Filiphoos deebise. Yasusiif duuka buutoti isaa qarshii baayyee isaa qabatanii hin jiran ture.

7



Duuka buutuu keessa inni tokko Indiriyaas (Obboleessi Simoon Pheexiroos) "Gurbaan buddeena garbuu shanii fi qurxummii lama qabu tokko as jira..." Yasusiin jedhe.

8

" … garuu namoota baay'ee kanaaf kun maal godha?" Indiriyaas akka laaqanni gurbichaa namoota baayeef nyaata ta'u hin argeine-laaqanasaa Yasuusiif laachuu ture hawwiinsaa.



9

"Namoota gad teessissaa," jechuunYasus erga abboomee booda namoota gara 5000 ta'an. WOW FIVE THOUSAND! Dubartootaa fi ijoolleee bakka kana jiran utuu hin dabalatin.

10

Itti aansuun Yasus buddeena shanii fi qurxummii lamaan fuudhe. Gurbaa xiqqoon Yasusiin amane. Yasus laaqana gurbichaan maal akka raawwachuu barbaade hin barre ture. Yoon laaqana koo laadhe waan nyaadhu dhaba jechaa laaqana isaa Yasusitti laate.



11

Isa booda Yasus in kadhate. Waaqayyoon in galateeffate. Buddeena lamaa fi qurxummii lama? Eyyee? Waaqayyoon galateeffachuun akka nyaata dhiyaate akka eebbisuuf gaafate.



12

Kadhata eebbaa booda, namoota isa faana jiran hundumaa akka laatanii buddeena shanii fi qurxummii lamaan cabsee laate Dinqii Yasu hojjete namooti argan. Namootin bakka sanatti argaman hundumtuu in nyaatan. Isa irraa hafe illee walitti qaban.



13

Erga hundumtuu nyaatanii booda, buddeenaa fi qurxummii hafe akka hin banneef akka. "Walitti qaban," jechuun Yasus duuka buutota isaa ajaje. Kan irraa hafe buddeena gundoo kudha lama walitti qaban.



14

Guyyaa sana, Yasus namoota 5000 laaqana gurbaa tokko irraa nyaachise. Yeroo biraa, namoota 4000 buddeena torba fi qurxummuu muraasa irraa akka nyaatan taasise.

15

Namooti yeroo mallattoo gochaa Yasus argan, "Kun dhuguma raajicha isa gara biyya lafaa dhufuuf jiru sanaa," jedhan. Sagalee kakuu isa qulqulluu Waaqayyoon dubbatame Yasuus fayyisaa akka dhufuuf jiru hubatan.

16

Yasus Namoota 5000 Nyaachisuu Isaa

Seenaa Sagalee Waaqayoo Macaafa Qulqulluu

kan keessatti argamu

Yohaannis 6

"Saaqamuun dubbii keetii ifa in kenna."
Faarsaa 119:130

17

Xumurameera

51 60

18

Seenaan Macaafa Qulqulluu kun kan haasa'u waa'ee Waaqayyo keenya Isa dinqii Isa nu uumeefi Isa akka Isa beeknu barbaaduuti.

Waaqayyo wanta hamaa isa Inni cubbuu jedhuun akka raaw'anne ni beeka. Adabbiin cubbuu du'a. Waaqayyo garuu guddaa si jaallata, kanaaf cubbuu keetiif akka fannoorratti du'uufi akka adabamuuf Tokkicha Ilma Isaa Yesuus dabarsee siif ni kenne. Sana booda Yesuus gara jireenyaatti deebi'ee gara iddoo jireenya Isaa gara Waaqaa ni deeme! Yesuusitti amantee cubbuu keetiif akka siif dhiisuuf yoo Isa gaafatte, Inni siif ni dhiisa! Yeroo kana dhufee si wajjin ni jiraata, akkasumas immoo atis Isaa wajjin bara baraaf ni jiraatta.

Inni kun dhugaa ta'uu isaa yoo amante, Waaqayyoon akkas jedhiin: Yaa Yesuus, Ati Waaqayyo ta'uu kee fi cubbuu kootiif du'uuf jettee akka annaf dhufte nan amana, ammas kunoo deebitee ni jiraatta. Maaloo gara jireenya kootti koottuutii amma jireenya haaraa akkan jiraachuu akkan danda'uufi guyyaa tokko sin wajjin bara baraaf jiraachuuf gara kee akkan dhaquuf cubbuu kootiif naaf dhiisi. Abboommii kee akkan eeguufi akka mucaa keetti akkan jiraadhuuf na gargaari. Ameen.

Macaafa Qulqulluu dubbisiitii guyyuma hundumaa Waaqayyoo wajjin dubbadhu! Wangeela Yohaannis 3:16

19